# Daandii METRO G Haarawa

*Kallattii Rise Street fi Robert Street irraan tajaajilli geejjibaa saffisaan dhufaa jira*


Ijaarsi pirojektii geejjiba atoobisii saffisaa (BRT) Daandii METRO G birraa bara 2026 keessa jalqabuuf karoorfamee jira. Daandii G'n tajaajila ariifataa, irradeddeebiin irra deemamuu fi guyyaa guutuu tajaajilu daandiiwwan 62 fi 68 guutummaatti kan bakka bu'u ta'a.

Daandii G'n hawaasaa fi iddoowwan Little Canada, Maplewood, Roseville, St. Paul, fi West St. Paul keessatti argaman walitti fida. Geejjibni saffisaan atoobisii paakeejii fooyya’iinsa geejjibaa kan imala saffisaa fi mooxannoo fooyya'aaf gumaachudha.

Metro Transit ijaarsa daandii kallattii sana irratti karoorfame waliin haala gaariin qindoomina akka qabaatuuf Daandii G marsaa lamaan banuuf karoorfatee jira.

Marsaa 1ffaan, inni bara 2027 keessa eegalu, kutaa kaabaa Daandii G Buufata Geejjibaa Little Canada irraa gara Robert fi Kellogg walakkeessa magaalaa St. Paul, kan kaaba Mississippi River keessatti argamu kan hammatu ta’a.

Marsaa 2ffaan, inni bara 2028 keessa eegalu, kutaa kibbaa Daandii G Robert fi Fillmore irraa gara Giddugala Tajaajilaa Kaaba Dakota County kan hammatu ta’a.




## *Imala saffisaa*

Galmi Daandii G inni tokko tajaajilicha saffisaa fi caalaatti amansiisaa taasisuudha. Kana kan godhu ammoo akkanaani:

- Atoobisiiwwan yeroo imalaa saffisaa taasisuuf bakkeewwan muraasa qofatti dhaabatu.
- Maashinoonni tikeetaa buufataaleerra jiran maamilootni atoobisii koruu isaaniin dura maallaqa callaa fi liqaadhaan tikeeta kutachuu isaan dandeessisu.
- Atoobisiiwwan karaan irra ejjetanii koran lafatti dhiyoo fi hidhiin daandii olka'aan buufataaleerra jiran, akkasumas balbalootni babal'aan atoobisiiwwanii duraa fi duuba atoobisiirra jiran, saffisaan seenuu nama dandeessisu.
- Hidhiiwwan daandii buufataaleerraa dheeressuun, atoobisiiwwan buufatarratti erga namoota buusanii/fe'atanii booda salphaatti karaatti deebi'anii konkolaatotatti makamuu isaan dandeessisu.
- Mallattoon dursaa bakkeewwan tokko tokkotti atoobisiiwwan sanniiniif kennamu duubatti harkifannaa ifaa tiraafikaatiin uumamu isaaniif hir'isa.

## *Muuxannoo geejjibaa fooyya'aa*

Bakkeewwan itti dheessan fooyya'oon, bakkee qilleensa hamaa itti dheessan, kan nageenya qaban, sheeqqatoo fi mijatoo kan maamilootni geejjiba itti eeggatan ta'uuf. Bakkeewwan kunneen wantoota armaan gadii qabu:

- Odeeffannoo waa'ee daandichaa, waa’ee sirna geejjiba sanaa fi naannolee bakka sanaa.
- Kaameeraa nageenyaa fi bilbilawwan yeroo atattamaa.
- Ifaa fooyya'aa.
- Sirna furtuu tuquudhaan ho’a kennu


**PIROJEKTICHAAF NAMNI QUUNNAMAMU:**
Nasser Mussa, Qindeessaa Hawaasa Qaqqabuu
GLine@metrotransit.org


METRO
G Line

11-12-1146655-26

## *Sagantaa Pirojektichaa* *(jijjiiramuu mala)*

- 2026-2028
  **IJAARSA**
- 2027
  **DAANDII G NI BANAMA JEDHAMEE EEGAMU (MARSAA 1FFAA)**
- 2028
  **DAANDII G NI BANAMA JEDHAMEE EEGAMU (MARSAA 2FFAA)**

# *Ijaarsarraa maal akka eeguu qabdan*

Daandii METRO G, kan dhuma bara 2027 fi bara 2028 keessa banamuuf yaadamaa jiru xumuranii tajaajilaaf qopheessuuf hojjettootni yeroo hojjetanitti dhaabbatni Metro Transit jiraattota, manneen hojii, fi maamiltoota obsa isaaniitiif isaan galateeffata. Hojiin ijaarsichaa yeroo gabaabaaf daandiin cufamuu fi maqfamuu, daandiin miillaa cufamuu, akkasumas jeequmsi sagalee darbee darbee uumamuu kan gaafatu ta'uu danda'a. Namootni wantoota armaan gadii eeguu qabu:

- Ijaarsi wal-qaxxaamura daandii hunda irratti gaggeeffamu akka waliigalaatti kutaalee daandii konkolaataa fi daandii miillaa haaraa ijaaruu, mallattoolee tiraafikaa jijjiiruu, akkasumas bakkee itti dheessan haaraa fi qaamolee buufataa kan biroo ijaaruu of keessaa qaba.
- Bakkeewwan tokko tokko hojiiwwan tajaajila ummataa fi daandii namoota lafoo fooyyessuu ni dabalatu. Buufataalee tokko tokko irratti karaan biskileetii irra oofan illee ni fooyyeffama.
- Buufataalee tokko tokkotti guutummaan daandichaa guyyaa 21'f ni cufama. Yeroo tokkotti kallattii geejjibaa tokko qofatu cufama, turtiiwwan yeroo dhedheeraaf ammoo xurree dabalataatu dhorkama.
- Ijaarsi tokkoon tokkoon bakkee geejjibaa eegalamuu isaatiin dura, hojjettootni hawaasa quunnaman jiraattota, manneen hojii fi abbootii qabeenyaa fageenya bilookii tokkoo keessa jiran quunnamu.
- Karaawwan miillaa daandii cinaa yeroo hunda naannoo ijaarsaatti yoo xiqqaate gar tokkoon hin tuqaman.
- Karaawwan namootni lafoon gara manaattii fi gara bakkeewwan hojiitti itti goran hin tuqaman.
- Yeroo pirojektichi hojiirra oolu keessatti atoobisiiwwan bakkeewwan adda addaatti maqfamu. Odeeffannoo haaraa [metrotransit.org/alerts](metrotransit.org/alerts) irraa argachuu ni dandeessu.
- Hojjettootni dhaabbatichaa bakkeewwan dhaabbannaa sanniin teeknooloojiin walitti hidhuuf guutummaa daandii kallattii sanaa walitti-hidhamiinsa faayibar ooptiikitiif haada lafa jalaa ni galchu.

## *Karaa Maqfama Atoobisii*

- Daandiiwwan 62 fi 68 yeroo pirojektichi hojiirra oolu keessatti bakkeewwan adda addaatti maqfamu.
- Atoobisootni daandiiwwan wal-qaxxaamura ijaarsi irratti gaggeeffamu naanna'anii kan darban yoo ta'u, bakkeewwan tokko tokkotti bakkeewwan itti dhaabbatan kan yeroo dhimma itti ba'amuu malu.

## *Odeeffannoo argadhaa*

**Odeeffannoo pirojektichaa waliigalaatiif:**
[metrotransit.org/g-line-project](metrotransit.org/g-line-project)

**Maqfama daandii atoobisii irratti odeeffannoo yeroo dhiyoo argachuuf:**
Akeekkachiisa Konkolaachisaatiif kana keessa seenaa
[metrotransit.org/alerts](metrotransit.org/alerts)

**Ijaarsarratti odeeffannoo yeroo dhiyoo argachuuf:**
kana keessa seenaa
[G Line update emails]()

## *Yaaddoo fi gaaffii yoo qabaattan nu quunnamaa*

**Lakkoofsa bilbilaa waa'ee ijaarsaa ittiin argattan:**
651-240-3688

**Iimeelii ittiin dhaabbaticha quunnamuu dandeessan:**
GLine@metrotransit.org

**Nama afaan isiniif hiiku ni barbaadduu?**
Español, Hmoob, Soomaali, Oromoo, Karen

- 612- 373- 3333 irratti bilbilaa, Filannoo 2ffaa filadhaa
- Afaanicha ibsaa: Español, Hmoob, Soomaali, Oromoo, Karen



Metro Transit